Ajaja Fayyaan Turuu Ilaalchisee Gaaffiilee Irra-deddeebiin Gaafataman

1. Ajajni Fayyaan Turuu Maalii?

Ajajni Fayyaan Turuu Sadarkaa III, namoonni naannoo manaa akka turaniif kan jajjabeessu yoo ta'ellee, manaan alatti hiriyoonnii fi maatiin baay'inaa namoota 25 ykn isaa gadi ta'an, akkasumas mana keessatti ammoo namoota 10 ykn isaa gadii akka walitti qabamaniif hayyama. Walitti qabamni gaafa taasifamuttis qajeelfamni walirraa fageenya hawaasummaa - kanneen akka faana miillaa ja'a wal irraa fagaachuu fi haguuggii fuulaa godhachuu kabajamuu qaba.

Ajajni Fayyaan Turuu Sadarkaa I suuqiiwwan daldala xixinnaa fi daldalli daandiiwwan gurguddoo irratti taasifaman kan biroon, yoo isaan dhimma COVID-19 irratti karoora qopheessanii fi hanga 50% kan ta'u hojiirra kan oolchan ta'e, kan banaman ta'u -- Sadarkaa III keessatti, akkaataan hojii kun suuqiiwwan daldalaa xixinnaaf hojiirra kan oolu ta'a.

Sadarkaa II kan Ajaja Fayyaan Turuu keessatti restooraantonni tajaajila manaan alatti kennamuuf kan banaman yoo ta'u, kanneen akka tajaajila dhuunfaa fi bakkeewwan waaqeffannaa baay'ina namaa fi kan fayyummaa irratti tarkaanfiiwwan barbaachisoo fudhachuun kan banaman ta'u.

Sadarkaan III kan Ajaja Fayyaan Turuu kun haalli isaa caalmaatti gara banamuutti kan inni geessu:

- Restooraantotaa fi baaronni(bars) mana keessatti hanga 50%, tokkoo tokkoo akkaataa teessumaa mana keessaa fi alaatti namoota 250 yoo hin caalle – ibsa dabalataa, dursanii bakka qabachuu waliin odeeffannoo barbaachisoo ta'an argachuuf qajeelfama jiru ilaalaa;

- Tajaajila dhuunfaa kanneen akka Saaloonii, kutaawwan simannaa keessummaa kan tumaa (tattoo) fi kan mana rifeensaa 50% kan ta'uun beellama barbaachisu waliin jijjiirama agarsiisuu.

- Jiimota, ga'umsa qaamaa kan dhuunfaa fi istudiyoo yoogaa tajaajila mana keessaa fi kan manaan alaatiif jijjiirama hanga 25% tti agarsiisuu, tokkoo tokkoo yoomessa mana keessaa fi alaatti namoota 250 kan hin caalle – ibsa dabalataa barbaachisaa ta'eef, dursanii bakka qabachuu waliin qajeelfama jiru ilaalaa.

- Mana keessa taa'uun kan ittiin bo'aaran kanneen akka fiilmii/movies, galma konsertii, bowling, arcades, muuziyeemotaa, fi tiyaatiriif jijjiirama hanga 25%tti argisiisuu – naannoo irratti, yoo baay'ate hanga namoota 250 kan hin caalle – ibsa dabalataa barbaachisaa ta'eef qajeelfama jiru ilaalaa.

- Bakkeewwan bishaanii(pools)tti jijjiirama hanga 50% ta'u agarsiisuu fi walirraa fageenya hawaasummaa eeguu; akkasumas

- Yoomessa taateewwan fi bashannana manaan alaa kanneen akka taateewwan ispoortii, konsertiiwwan, fi fiilmiiwwan namoota 250 kan hin caalle -- ibsa dabalataa barbaachisaa ta'eef, qajeelfama jiru ilaaluu, walirraa fageenya hawaasummaa eeguu, fi haguuggii fuulaa uffachuun cimsamee beeksifamuu.

2. Ajaji Fayyaan Turuu kun maaliif barbaachise?

Dhibee daddarbaan COVID-19 kun Mineesotaa keessatti rakkoo guddaa geessisee jira. Ajaji Fayyaan Turuu kun suuta suutan namoota gidduutti walitti dhufeenya gaarii akka uumamu waan godhuuf. Tatamsa'ina vaayirasii kanaa yarsuuf, akkasumas namoota rakkoo cimaa keessa jiranii fi hojjetoota kallattiidhaan dhibee kanaaf saaxilamoo ta'an eeguu fi deggersa taasisuudhaan gahee keenya ba'uu itti fufuun tarkaanfii eeggannoodhaan guutame waan ta'eef.

3. Ajaji kun maaliif kan Isteeta guutuu ta'e?

Tatamsa'in dhibeen COVID-19 hawaasa Mineesotaa fi kan biyya guutummaa keessatti dabalaa jira. Hawaasa magaalaa fi baadiyaa keessatti hammaachaa dhufeera. Warra isaaniin barbaachisuuf, bakkeewwan hospitaalli ga'umsaan itti argaman mirkaneessuuf jabaannee hojjechaa jirra. Baay'ina namoota gareedhaan walitti qabamanii yarsuu fi deebifamanii banamuu biizinesoota Isteeta keenyaa suuta suutaan taasisuun, golee Isteeta keenya hundumaatti tatamsa'ina COVID-19 hawaasa keenya keessaa yarsuuf abdii guutuun itti fufeenyaan tarkaanfii fudhachuuf, yeroo bakkeewwan daldalaa/business deebifamanii banamanittis hawaasa keenyaaf hiika guutuu akka qabatuuf.

4. Akkamitti ajaji kun hojii irra oolfama?

Warri Minneesotaa hundinuu ajaja qaama olaanaa kanatti walii galu. Isteetiin kun akkaataa raawwi hojii kan seera biyyattiitti kan hojjetu yoo ta'u, kunis ajajicha deggeruuf.

5. Minneesotaan daangaa ishee cufuudhaan seeraa Maarshaal labsuu barbaaddii?

Lakkii. Namoonni yeroo ajajaa kanatti illee, gara Mineesotaa dhufuu ni danda'u. Namoonni Isteeta kan biroo irraa gara Mineesotaa dhufanis ajaja kana hordofuu qabu. Wanneen kun warra Minnesota-keessumattu olloottan keenya warra saaxilamoo ta'an ittisuufi.

6. Ajajni Fayyaan Turuu kun yoom kaafamaa?

Ajajni Fayyaan Turuu kun kan inni hojiirra oolfamu Waxabajji/June 9. yeroo 11:59pm eegalee ta'a.

7. Ajajni Mana Turuu kan biroon akka taasifamu kan godhu maali?

Murtoon qajeelfama ogeessota fayyaa hawaasaa fi odeeffannoo jiru irratti hundaa'uun kan dabarfamu ta'a. Abboonni taayitaa ogeeyyii fayyaa hawaasummaa kan isaan to'atan ibsa kanneen akka qorannoowwan hagamii taasifamuu akka danda'an, lakkoofsa keezota dhibee COVID-19 haaraa ta'anii, dandeettii hospitaalaa, qorannoo saffisaan namoonni bahiin qorannoo isaanii pozatiiv ta'an dabaluu isaa, tatamsa'iinsa keezota dhibee maddi isaa hin beekamnee fi saffisa ittiin keessumeesifamanii fi kan du'aa. Sababoonni sun marti fi waantonni dabalataa hordoffii kan irratti taasifamu fi murtoowwan gara fuula duraa kan qajeelchan ta'u.

8. Yoo bahiin qorannoo kiyyaa kan COVID-19 pozatiivii ta'e, odeeffannoon kiyyaa hatattamaan warra seera raawwachiisaniif kan qoodamu ta'aa?

Qorannoo dhibee COVID-19 tiif bahiin qorannaa keessanii pozatiivii yoo ta'e, deebi-laattota jalqabaa (first responders) kanneen akka hojjetoota balaa ibiddaa, hojjetoota fayyaa kan yeroo hatattamaa, ykn qondaalota poolisiitiif abbaan taayitaa fayyummaa hawaasaa barreeffama waa'ee teessoo keessanii kan ibsu ta'a. Yoo kan itti waliigaltan ta'e, teessoon keessan deebi-laattota warra jalqabaaf kan inni qoodamu, *yoo* isaan daandii gara mana keessan geessu irra kan bu'an ta'e *qofaa* ta'a (Fknf: deebii bilbila 911 tiif). Yammuu deebi-laattonni jalqabaa kan gara teessoo keessanii dhufaa jiran kun, maatii keessan keessaa namni tokko qorannoo COVID-19 tiif bahiin qorannoo isaatii pozatiivii akka ta'e kan hubachiisan ta'a. Odeeffannoo kanas deebi-laattota jalqabaatiif qooduun, kan inni gargaaru fayyummaa fi nagummaa deebi-laattota jalqabaa mirkaneessuun yeroo deebii laatanitti akka isaan dursanii of eeggannoo sirrii taasisan gochuuf. Iccitii dhuunfaa keessanii eeguuf, maqaan keessanii fi odeeffannoon adda baasu kan biroon namaaf hin qoodamani.

Hojiiwwan akkamiin hojjechuu danda'aa?

9. Mana kootii ba'ee deemuun fayyummaa kootiif gaarii dha?

Yeroo Ajaja Fayyaan Turuu kanatti, jiraattonni Mineesotaa mana isaaniitii ba'anii deemuu danda'u. Mana keessanii kan baatan yoo ta'e, tarkaanfiiwwan isin fudhachuu qabdan kan akka haguuggii fuulaa uffachuu fi walirraa fageenya hawaasummaa; faana miillaa ja'a isinii fi namoota naannoo keessan jiran gidduu eeguu dabalatee. Namoonni dhibee COVID-19 tiif haala olaanaa ta'een carraa saaxilamuu qaban, sochiiwwanii fi hojiiwwan barbaachisoo ta'an irraan kan hafe mana akka hin baaneef **ciminaan gorfamu.** Namoonni carraa saaxilamuu olaanaa qaban isaan kana of keessatti haammata:

- Umurii waggaa 65 fi isaa ol kan ta'an.
- Akka comiishinarii fayyaatiin ibsametti, namoota dhaabbata kunuunsa fayyaa yeroo dheeraaf taasifamu keessa kan jiraatan.
- Dhibee haala fayyaa kan namoota sadarkaa umurii kamirra iyyuu jiraachuuf malan ilaalchisee, addumaan yoo wal'aansi fayyaa sirriitti kan hin godhmneef ta'e, kanneen armaan gadii of keessatti qabata:
    - Namoota dhibee sombaa cimaa ta'een ykn dhibee asimii sadarkaa gidu galeessaa hanga olaanaatti qaban,
    - Namoota dhibee onnee cimaa ta'e qaban,
    - Namoota dandeetiin qaama isaanii dhibee of irraa dhorkuuf dadhabaa ta'e (sababa wal'aansa dhibee kaanserii, sijaaraa xuuxuu, dhuka lafee ykn qaama keessaa ogummaa baqaqsanii hodhuutiin wal geeddaruu, human dhibee of irraa ittisuu dhabuu, HIV ykn AIDS sadarkaa gad aanaa ta'een to'achuu, yeroo dheeraadhaaf corticosteroids fayyadamuu, fi daawwaa human dhibee of irra dorkuu qaamaa dadhabsiisan kan biroo),
    - Namoota furdina humnaan olii furdatan (BMI 40 fi isaa ol)
    - Namoota dhibee sukkaaraa qaban,
    - Namoota dhibee kallee cimaa ta'e qaban,
    - Namoota dhibee tiruu qaban.

10. Namoota kan biroo waliin walitti qabamuun rakkoo qabaa?

Walitti qabama namoota 25 ykn isaa gadi ta'an, akkasumas mana keessatti ammoo namoota 10 ykn isaa gadii ta'aniif hayyamamaa dha. Walitti qabama gurmuu namootaa 25 ykn isaan gadi ta'an, jiraattonni Mineesotaa haguuggii fuulaa uffachuu fi shaakala walirraa fageenya hawaasummaa, kanneen akka fageenya faana miillaa ja'aa isiniif namoota naannoo keessanii jiru eeguu.

11. Yoo ani qorannoo koronaa vaayirasii qoratamuu ykn gara dokteerii ykn gara ogeessa ilkaanii deemuu barbaadee hoo?

Qorannoo COVID-19, wal'aansa ilkaanii fi gosa daawwannaa fayyaa barbaachisaa ta'e argachuu dabalatee, kunuunsa fayyaa argachuu dandeessu. Namoonnii gargaarsa wal'aansa fayyaa argachuuf dursanii gara dhiyeessaa fayyaa isaaniitti ykn dokteeraatti akka isaan bilbilan gorsina.

12. **Rifeensa koo mursiifachuu nan danda'a?**

Eeyyee. Tajaajila dhuunfaa kanneen akka Saaloonii, kutaawwan simannaa keessummaa kan tumaa qaamaa (tattoo) fi kan mana rifeensaa 50% kan ta'uun beellama barbaachisu waliin jijjiirama agarsiisuu. Haguuggiiwwan fuulaa murteessoo ta'an, fageenyarra taa'uun beellama keessan eeggachuu, ykn beellama keessaniif manaan ala teessanii eeggachuu dabalatee, maaloo tokkoon tokkoon dhaabbiileen daldalaa sagantaa qophaa'ina dhibee COVID-19 of irraa ittisuu kabajuu isaa mirkaneeffachuuf dursaatii bilbilaa.

13. Gara Iddoo Waaqeffannaa deemuu nan danda'aa?

Iddoowwan waaqeffannaa, tajaajilawwan mana amantaa, cidhaawwaan, fi sirna awaalchaa yoomessa mana keessaa fi alaatti tajaajilaawwan hanga 50% tti agarsiisuu, iddoowwan waaqeffannaa namoota 250 kan hin caalle tokkoon tokkoon bakki qabameef– ibsa dabalataa barbaachisaa ta'eef, qajeelfama jiru ilaalaa. Tarkaanfiiwwan walirraa fageenya hawaasummaa sirrii ta'an – kanneen akka fageenya faana miillaa ja'aa eeguu fi haguuggii fuulaa uffachuu fudhatamuu qabu.

14. **Gara restooraantii ykn baarii deemuu nan danda'aa?**

Ajaja Fayyaan Turuu Sadarkaa III jalatti restooraantonii fi baaronni mana keessaa fi alatti hanga 50% tti banamoo ta'u. sababa hammi inni keessummeessuu danda'u daangeffamaa ta'eef, dursanii bakka qabachuu barbaachisa – maaloo dursaatii karoorfadhaa. Seerri baay'ina teessuma naannoo minjaalaa kan maatii nama 4, ykn 6f kaa'amu hojiirra kan oolfamu ta'a. Yeroo nyaataa fi dhugaatiitiin alatti haguuggiin fuulaa uffachuun ciminaan gorfama. Fageenya hawaasummaa eeguunis barbaachisaa dha.

15. Gara mana fiilmii, konsertii, ykn muuziyeemii deemuu nan danda'aa?

Eeyyee, garuu tajaajilawan kunneen bay'ina namootaa daangeffamaa ta'ee fi qajeelfama dabalataa hordofuu kan qabu, yoo ta'u namoonni banamaa jedhanii yaaduu isaaniitiin dura mirkaneeffachuu qabu. Haguuggii fuulaa uffachuun ciminaan gorfama. Fageenya hawaasummaa eeguunis barbaachisaa dha.

16. **Gara Jiimii (gym) deemuu nan danda'aa?**

Eeyyee. Gara jiimii keessanii, giddu gala ga'umsa qaamaa kan dhuunfaa, istuudiyoo Yoogaa ykn tajaajila sochii qaamaa kanneen biroo deemuu dandeessu. Tajaajilawan kunneen bay'ina namootaa daangeffamaa ta'ee fi qajeelfama dabalataa hordofuu kan qabu, yoo ta'an maaloo, tajaajila keessan waliin pirotokoliiwwan hojiirra oolfaman ilaaluu. Haguuggii fuulaa uffachuun ciminaan gorfama. Fageenya hawaasummaa eeguunis barbaachisaa dha.

17. Ijolleen gara bakka taphaa dhaquu danda'uu?

Akkuma gochaawwan manaan alatti taasifaman kan biroo, Ajaja Fayyaan Turuu kana jalatti gara dirree taphaa adeemuun hayyamamaa dha. Maatii fi guddiftuuwwan, ijoollonni yeroo taphaatiin booda harka dhiqachuu isaanii, akkasumas hanga danda'amaa ta'etti tarkaanfii ja'a wal irraa akka fagaatan taasisuu. Ajaji mootummaa inni olaanaan bakka taphaa kan hin cufne yoo ta'e illee, aanga'oonni kan kutaa biyyaatiin garuu cufamuu danda'u.

18. Walga'ii deggersaa kan nama hin machoofnee(Sobriety), kan akka Alcoholics Anonymous ykn Narcotics Anonymous ittuma fufee deemuun qabaa ?

Eeyyee. Odeeffannoon dabalataa Hawaasa Amantaa Bu'uureffateef qajeelfama MDH keessatti argama. Jiraattonni Mineesotaa walgahii AA irratti yammuu argamanitti haguuggii fuulaa uffachuu fi tarkaanfiiwwan fageenya hawaasummaa hojiirra oolchuu fi fageenya faana miillaa ja'aa isiniif namoota naannoo keessanii gidduu jiru eeguu qabu. Gumiin deggersa namoota hin machoofnee kan inni jajjabeeffamu walga'ii karaa kompiyuuteraa akka taasisaniif ykn miseensota kanneen deggersi isaaniif barbaachisuuf walga'ii karaa bilbilaa, akkasumas yeroo qoramsaa kanatti gargaarsa akka taasisaniif ni jajjabeeffamu. Maaloo, waa'ee deggersa namoota hin machoofneef taasifamuu caalmaatti hubannoo argachuuf daandiiwwan armaan gadii ilaali:

Warra araada alkoolii qaban kan maqaan isaa hin ibsamne/ Alcoholics Anonymous:

- Find online meetings in the Minneapolis area
- Find online meetings in the St. Paul area
- National and international online meetings database
- Resources provided by Alcoholics Anonymous for finding and creating online meetings.

Warra araada qoricha sammuu adoochu qaban maqaankan hin ibsamin/Narcotics Anonymous:

- Qabeenya kan akkaataa itti walga'ii fagoo irraa argatanii qooda fudhatan
- Qabeenya walga'ii fageenyaa kan Minnesota keessa

Qabeenya kan biroo:

- Cocaine Anonymous qabeenya online kan biyyoolessa fi Minnesota

- Walga'ii fageenyaa/ Electronic meetings maatiidhaa fi garee gargaartota kan Alcoholics Anonymous fi Narcotics Anonymous n walqabate
- Walga'ii SMART Recovery kan fageenyaa /online meeting database
- Itti fayyadama waan kan biyyaa ta'ee fi qabeenya fayyummaa sammuu
- Minnesota fayyadama waantotaa sammuu adoochan fi qabeenya fayyummaa sammuu

19. Ajaja Fayyaan Turuu jalatti manaan alatti bashananuun eyyamamaa dha?

Akka ajaja Hojii Raawwachiisuu keeyyatni 6 fi Qajeelfamni Bashanana Manaan alaa fuula marsariitii DNR (https://www.dnr.state.mn.us/covid-19.html) irratti argamu ibsutti bashannanni manaan alaa eyyamamaa dha.

20. **Yeroo Ajaja Fayyaan Turuu kanatti kaampii taasisuuf deemuu nan danda'aa?**
Caamsaa(May) 18 eegalee bakkeewwan buufataa tatamsa'anii turan irratti kaampii taasisuun hayyamameera. Bakki kaampiiwwanii kan namoonni humnaan olitti itti baay'atanii cufamanii kan turan ta'u.

Ajajni Fayyaan Turuu kun Akkamiin hojii koo irratti Dhiibbaa uumuu danda'a?

21. Gara Hojiitti deebi'uutu narra turee?

Tatamsa'ina dhibee COVID-19 hir'isuuf, mana taa'uudhaan kan hojjetaman gosa hojii murteessoo ta'an, kanneen mana taa'uun hojjetaman, hojjetoonni hundinuu itti fufiinsaan manatti hojjechuu qabu.

Dandeettii mana taa'anii hojjechuu hojjetaa ilaalchisee wal hubannaa dhabuun yoo uumamef, mana isaanii taa'anii hojjechuu kan danda'an hundinuu qajeelfama hojii kan hojjetoota gosa hojii murteessoo ta'an ittiin hojjetan irratti hundaa'uun hojjetaa fi hojjechiisaan waliigaltee irra akka ga'aniif ni jajjabeessina. Yaadaan wal dhabdeen kun kan hin hiikamne yoota'e, hojjetoonni karaa bilbila Gargaarsa Seeraa kan Mana Taa'aanii Hojjechuu Cabsuutti: 651-539-1132 ykn 1-833-454-0152 (bilbila tolaa), ykn karaa imeeyilii: WFHviolations@state.mn.us argachuu dandeessu.